# PEOPLES ALLIANCE FOR FREEDOM AND DEMOCRACY (PAFD)

## OFFICE OF PRESIDIUM

Date: August 20, 2016

Ref.:

Tel: +49-15145279816
+44-7940624477

Fax:

**Humnoonni Siyaasaa Itoophiyaa Hundi Biyyattii Keessatti Sirna Yeroo Cehumsaa Dhugoomsuuf Tumsa Ummatootaa Bilisummaa fi Dimokraasii Waliin Akka hojjetaniif Waamicha Dhiyaate**

Tumsi Ummatootaa Bilisummaa fi Dimokraasii(TUBD), tumsa dhaabbilee siyaasaa Shanii ti. Dhaabbileen miseensota Tumsa Ummatootaa Bilisummaa fi Dimokraasii mirgoota dimokraasii fi bilisummaa Ummatoota isaanii dhugoomsuuf baroota 20 hanga 40 falmaa gaggeessaa jiru. Dhaabbileen ummatoota biyyattii keessaa 67% bakka bu'an kunneen, baroota kana keessas dandeettii fi gahumsa jaarmayaa fi leeccalloowwan qaban gabbiffatuun falmaa bilisummaa fi dimokraasii gaggeessan itti fufanii jiru.

Miseensonni TUBD Itoophiyaa keessatti Ummatoota isaanii jidduuttti caasaalee fi neetworkii bilisummaa fi dimokraasiif qabsaawuu isaan dandeessisu ummata isaanii jidduutti jabinaan diriirfatanii jiru. Falmaan miseensota tumsichaatis haala qabatamaa fi fedhii ummatoota qabsaawaafii jiraniirratti hundaa'udhaan bu'uura cimaa qabatee finiinaa jira.

Yeroo dhiyoo kana dhaabbileen miseensota Tumsa Ummatootaa Bilisummaa fi Dimokraasii qabsoo isaanii naannolee biyyattii qabsoo hidhannoo fi sochiilee ummataa itti adeemsisan keessatti waliin qindeeffataa jiru.

Kanaafuu, warraaqsi ummatootaa guutummaa biyyattii keessatti shaffisa tilmaamaan ol taheen gaggeeffamaa jiru hanga ummatootni Itoophiyaa keessaa hundimtuu mirgoota dimokraasii fi bilisummaa isaanii goonfatanitti hin dhaabbatu jennee amanna.

Kaayyoon Tumsa Ummatootaa Bilisummaa fi Dimokraasii, ummatoota dammaqsuu fi ijaarudhaan sochiilee qabsoo, leeccalloo fi beekumsa dhaaboleen miseensa tumsichaa tahan qaban qindeessuun sirna abbaa irree TPLF aangoorraa qaarisuu fi sirna yeroo cehumsaa kabajaa mirgoota dimokraasii fi mirga hiree murteeffannaa ummatootaa irratti hundaa'e gadi dhaabuu akeekkate dhugoomsuu dha.

Tumsi Ummatootaa Bilisummaa fi Dimokraasii sirna siyaasaa haqa-qabeessaa fi mara hirmaachise hundeesuun kabajamuu mirgoota ilmaan namaa quuqqaa sabootaa fi sab-lammiilee Itoophiyaa hundaaf deebisaa laatuuf hojjeta. Kana malees, walhubannaa dhabiinsaa fi walitti bu'iinsa saboota fi sab-lammiilee Itoophiyaa keessaa jidduutti irra deddeebi'uun mul'atutti xumura gochuuf fedhii jiruu fi tattaaffii taasifamu milkeessuuf qabsaawa.

Itoophiyaa keessatti qabsoon hidhannoo waggoota kurna dabraniif gaggeeffamaa jiruu fi diddaan ummataa dhiyoo kanaa biyyattii jeequmsa akkaan hamaa keessa galchuu hundatu hubata. Mootummaan Itoophiyaa jeequmsa hamaadhaan liqimfamuu fi biyyattii bulchuu dadhabee daddaaqamaa akka jirus ifa dha.

**Email: pafd22102015@gmail.com* 806B Kennedy St. NW, Washington, DC 20011 * www.peoplesAFD.org ***

Addatti fincilli Ummata Oromoo ji'oota Saglan dabraniif walitti fufiinsaan gaggeeffamaa jiruu fi kan dhiyoo kana naannoo Amaaraatti adeemsifamaa jiru akkasumas sochiileen saboonni fi sab-lammiileen biyyattii keessaa biroonis bilisummaa fi dimokraasiif gaggeessaa jiran sirna TPLF qarqara dhabamaatti oofaa jira. Sirnichi akka heera biyyattii fi seerota idil addunyaa fi naannootti ummatoota bulchuu dadhabuurraa lammiilee siviilii haala suukaneessaan jumlaan ajjeesuu akka furmaataatti fudhatuun haalicha daranuu hammeessuu irratti argama.

Tumsi Ummatootaa Bilisummaa fi Dimokraasii haala wayta ammaa kana gadi faginaan ilaaluun, saboonni fi sab-lammiileen Itoophiyaa hundumtuu TUBD cinaa hiriiruun falmaa gaggeeffamaa jiru fiixa baasuuf akka hojjetan waamicha dhiyeessa. Ummatoonni cunqurfamoo fi humnoonni tarkaanfatoon sirna Wayyaanee qarqara kufaatii jirutti xumura gochuun, sirna cehumsaa hirmaannaan qaamolee hundaa keessatti dhugoome milkeessuuf Tumsicha faana hiriiruun akka hojjetan dhaamna.

Ummatoonni Itoophiyaa fi humnoonni siyaasaa biyyattii martinuu yeroon murteessaan tarkaanfii qabatamaa itti fudhatan kan ammaa caalu akka hin jirre hubachuun Tumsa Ummatootaa Bilisumaa fi Dimokraasii waliin hojjechuun tarkaanfii sirna cehumsa dhugoomsuuf taasifamu keessatti qooda ijaaraa akka gumaachanis gaafanna.

Tumsi Ummatootaa Bilisummaa fi Dimokraasii mootummaan Cehumsaa bakka bu'ummaan ummatoota Itoophiyaa keessa jiran hundaa itti dhugoomee fi hegeree isaanii murteeffatuu dandeessisu akka milkaawuuf hojjeta.

Waan taheef, humnooni fi gareeleen siyaasaa jijjiirama dhugaa argamsiisuuf hojjetanii fi warreen ummata keenya bakka buuna jedhan marti Tumsa Ummatootaa Bilisummaa fi Dimokraasiitti makamuudhaani fi waamicha Tumsichaaf yeroon owwaachuudhaan konfaransii cehumsaa sirna mootummaa cehumsaa dhugoomsuutti geessu qindeessuuf akka of qopheessinu waamicha goona. Kunis ummatoota Itoophiyaa keessaa hunda kan fayyaduu fi nagaa, dimokraasii fi kabaja mirgoota namoomaa haqaa fi ummatootaan hawwamu dhugoomsuuf akka riqichaatti tajaajila jennee amanna.

**Bilisumma fi Dimokraasiin Hundaaf!**

**Waajjira Pireeziidiyemii Tumsa Ummatootaa Bilisummaa fi Dimokraasii(PAFD)**

**Hagayya 20, 2016**

Email: pafd22102015@gmail.com* 806B Kennedy St. NW, Washington, DC 20011 * www.peoplesAFD.org *